BIBLE
316

# Macaafni Qulqulluun Maalinni?

**Macaafni Qulqulluun Maalinni?** Macaafni Qulqulluun karaa Waaqayyo sitti ittiin dubbatuudha. Innis wanta Waaqayyoo qofa dubbata miti. Waaqayyo biraa kan argameedhas malee. Inni dadammaqsuun oli. (Hafuura Waqayyootin) kan gaggeeffamedha. Dubbisaa. Dhaggeeffadhaa. Waa'ee isaa yaadaa. Irraa baradhaa. Jireenya keessan keessatti hojii irra oolchaa. Ergamaan Phexros akkana jechuun barreesse, *"Akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akka aannanii sana dharra'aa."* Phexros 2:2.

**Macaafa Qulqulluu adda kan godhu maali?** Macaafonni isaa 66 afaanota sadiin, isaanis (Ibiruu, Aramaayikii fi Giriikii)'n barreessitoota afurtamaa ol ta'aniin, gara waggoota 1,600 keessatti kan caafaman yoo ta'u, yaad-rimee waloo fi wal irraa hin cinne tokko irratti jaarraa dheeraa gidduutti barraa'e. Kakuu Haaraan barreeffamoota harkaa durii 5,000 ol ta'aniin guutummaatti ykn gar-tokkeen dhugoomfameera. Sirrummaan Macaafa Qulqulluu raajiiwwan isaa raawwatamaniin, argannoowwan arkiyooloojii ammayyaatiin, sirrummaa teessuma lafaatiin, akkasumas dubbiiwwan ogummaa yeroodhaan hin moofofne, isa keessatti argamaniin mirkanaa'eera. Macaafni Qulqulluun kitaabota hanga ammaatti barreeffaman hunda caalaa barbaachisaa fi dhiibbaa guddaa kan uumudha. Kitaabni biraa kooppiiwwan kana caalaa maxxanfame, bal'inaan raabsame, afaanota hedduutti hiikame, jireenya namoota hedduu aangoodhaan jijjiiree fi jaarraa hedduudhaaf kan ture tokkoyyuu hin jiru. Macaafni Qulqulluun waan amanuu qabnuu fi akkamitti jiraachuu akka qabnuu himuu irratti abbaa aangoo isa olaanaa. Macaafni Qulqulluun kophaa isaa kitaabota kaan hundumaa caalaa ol ka'ee muldhata.

**Amaloonni dha Macaafa Qulqulluu maal fa'i?**

Macaafni Qulqulluun hafuura Waaqayyootiin kan gaggeeffamedha.*"Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa."* 2 Ximotewos 3:16.

Macaafni Qulqulluun dhugaadha. Yesuus akkana jedhee kadhate, *"Dubbiin kee dhugaa dha, dhugichaan isaan qulqulleessi,"* Yohanis 17:17.

Macaafni Qulqulluun hamma gadi fageenya isa xumuraatti sirriidha. Yesuus akkas jedhe, *"Ani dhuguman isinitti hima, hamma waaqnii fi lafti badanitti seericha keessaa fidalli xinnaan tokko yookiis gar tokkoon fidalaa utuu fiixaan hin ba'in hin badu."* (Maatewos 5:18). Sirrummaan barreeffamoota harkaa durii eeggamee waan tureef, hikkaan jechaa gara jechaa har'adhalleen dhibbeentaa 99 sirriidha.

Macaafni Qulqulluun qulqulluudha. *"Dubbiin Waaqayyoo dubbii qullaa'aa dha, inni akka meettii iddoo ibiddaatti si'a torba baqfamee qullaa'ee ti."* Faarfannaa 12:6.

Macaafni Qulqulluun bara baraaf kan turudha. *"Margichi in coollaga, daraarichis in harca'a, dubbiin Waaqayyo keenyaa garuu bara baraan dhaabatee in hafa."* Isaayaas 40:8 Macaafni qulqulluun har'as akkuma yeroo jalqabama barreeffamuutti sirriidha.

Macaafni Qulqulluun humna qabeessa. *"Dubbiin Waaqayyoo jiraataa dha, humna hojjetus of keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba; inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a."* Ibroota 4:12.

**Faayidaaleen dhuunfaa Macaafa Qulqulluu irraa argannu maal fa'i?**

Macaafni qulqulluun nu hidhachiisa. *"Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa. Namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda'e, hojii gaarii hundumaafis kan qophaa'e akka ta'u in godha."* 2 Ximotewos 3:16-17.

Macaafni Qulqulluun cubbuu akka hin raawwanne nu gargaara. Faarfannaa 119:9, 11 kun akkamiin akka ta'u nutti hima. *"Dargaggeessi maaliin adeemsa isaa qullaa'ummaatti eeguu danda'a? Akka dubbii keetti adeemsa isaa qajeelfachuudhaan eeggachuu in danda'a."* fi *"Akkan si hin yakkineef waan ati jette garaa koo keessa kaa'adheera."*

Macaafni qulqulluun jireenya keenya har'aaf qajeelcha nuuf kenna (tarkaanfii keenya itti aanu) kana malees, egeree keenyaaf immoo kallatti nutti agarsiisa (karaa hordofuu qabnu). *"Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha, daandii koo irrattis in ifa."* Faarfannaa 119:105.

Macaafni Qulqulluun ogummaa nuuf kenna. *"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna, wallaalota iyyuu in hubachiisa."* Faarfannaa 119:130. Ogummaawwan yeroodhaan hin mo'amne, Macaafa Fakkeenyaa fi Kakuu Moofaa keessatti ni argamu.

Macaafni Qulqulluun yeroo rakkinnaatti nu gargaara. Faarfannaan 119:50 nu jajjabeessa, *"Wanti ati jette lubbuu anatti in deebisa, kunis yeroon gad deebi'utti jajjabina koo ti."*

Macaafni Qulqulluun abdii nutti hora. *"Nuyi obsaa fi jajjabina caaffanni qulqullaa'oon nuuf kennaniin abdii akka argannutti, wanti caaffata qulqullaa'oo keessatti caafaman hundinuu nu barsiisuuf caafaman."* Roomaa 15:4

Macaafni Qulqulluun nagaa nuuf kenna. Faarfannaan 119:165 waadaa nuuf seena. *"Warri seera kee jaallatan sun nagaa guddaa qabu, wanti isaan gufachiisus hin jiru."*

Macaafni qulqulluun gammachuu nuuf kenna. Ermiyaas 15:16 fakkeenya nuuf kenna, *"dubbii kee yommuun argadhe, akka nama buddeena nyaatuutti isa nan nyaadhe, innis garaa koo gammachuu fi qannoodhaan in guute."*

**Namni tokko Macaafa Qulqulluu dubbisuu ykn dhaggeeffachuu kan danda'u akkamitti?** Luqqisii tokkoo ol qo'achuu. Faayidaawwan arfan kanneen yaada keessa galchuu, "*Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa."* 2 Ximotewos 3:16. Akkuma dubbiftaniin ykn dhaggeeffattaniin, gaaffiiwwan arfan kanneen of gaafadhaa. Kun maal na barsiise? Akkamiin balleessaa koo na hubachiise? Maal sirreessuun qaba? Qajeelinakoof akkamiin na leenjise?

**Macaafa Qulqulluu hin qabu yoo ta'e hoo?** Hiika Macaafa Qulqulluu isa gaarii isaa bitachuuf carraaqqii hunda godhaa. Yoo bitachuu hin dandeenye, toora interneetii irraa baay'een isaanii bilisaan waan argamaniif, achi irraa dubbisuu ykn dhaggeeffachuu ni dandeessu. Hiriyaa ykn hiriyoota keessan wajjin Macaafa Qulqulluu bitachuu fi walii qooduuf yaadaa. Ykn waldaa keessan ykn amantoota waliin jirtan, namni tokko Macaafa Qulqulluu garee keessaniif akka dubbisuu fi xiyyeeffannaadhaan akka dhaggeeffatu gaafadhaa. *"Inni garuu deebiseefii, Keessumatti immoo dubbii Waaqayyoo dhaga'anii kan raawwatan haa gammadan jedheen."* Luqaas 11:28.

**Luqqisiiwwan addaa barsiisotaa fi gaggeessitoota Macaafa Qulqulluuf ta'an muraasni jiruu?** Duuka bu'aa Yesuus Dubbichaaf qabamtanii jiraattan ta'aa. *"Yommus Yesus Yihudoota warra isatti amananiin, 'Dubbii kootti qabamtanii yoo jiraattan, egaa isin dhuguma bartoota kooti."* Jedheen. Kana mirkaneessuuf Macaafa Qulqulluu qo'adhaa. *"Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella'u hin qabneetti, akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hojjetuutti, Waaqayyo dura of dhaabachiisuudhaaf dhama'i,"* Ximotewos 1:15.

**Macaafni Qulqulluun bara baraaf maaliif barbaachisa?** Ergamaan Yohaannis kaayyoo Wangeelaa, Wangeela isaa keessatti ibseera. Kaayyoo sanas Macaafa Qulqulluu guutuu keessatti hojii irra oolchuun ni danda'ama. *"Yesus macaafa kana keessatti kan hin caafamin, milikkita kan biraa baay'ee bartoota isaa duratti hojjeteera. Isaan kun garuu, Yesus, Kristosicha, ilma Waaqayyoo ta'uu isaa akka amantaniif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaattaniif caafaman."* Yohanis 20:30-31. Yesuusitti amanuu fi jireenya bara baraa akkamiin argachuu dandeessu? Akkamiin akka dandeessan www.Gospel316.org irraa ilaalaa.

**"Margichi in coollaga, daraarichis in harca'a, dubbiin Waaqayyo keenyaa garuu bara baraan dhaabatee in hafa." Isaayaas 40:8.**

---

*Macaafni Qulqulluun Maalinni? © 2025 John D. Morris III barreeffamee Acts One Eight'n kan maxxanfame dha.* Ibsa guutuu kana, qabiyyee guutuu isaa osoo hin jijjiirin bilisaan maxxansuu, waraabuu, dhoobuu, imeeliidhaan ykn ergaa gabaabaan erguu ni dandeessu. Tajaajila keessan, maqaa ykn asxaa waldaa keessanii gubbaa fuula tokkoo irratti dabaluu fi odeeffannoo quunnamtii keessan immoo sarara gubbaa naannoo fuula lammaffaa irra kaa'uu ni dandeessu. Bible316 Macaafa Qulqulluu qofa irratti kan hundaa'edha. Namoonni Yesuus Kiristoositti akka amananii fi sana booda gara duuka buutuu isaa ta'uutti guddachuu irratti isaan gargaaruuf kan yaadameedha. Acts One Eight tiif (yoo danda'ame Afaan Ingiliffaatiin) kara Hello@Mail316.org imeelii erguu ni dandeessu. Tajaajilli turjumaanaa warrreen Ingiliffaa hin dandeenyeef kan dhiyaate, www.ChristianLingua.com. dhaani. Macaafni Qulqulluun Maalinni? afaanota 48n bilisaan www.Bible316.org. gubbaatti ni argama. Luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu Afaan Ingiliffaa, maxxansa The Lockman Foundation's New American Standard Bible 1995 irraa fudhataman. Hiika kana keessatti luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu gosa, Oromo Bible irraa kan fudhatamanidha.